# Dargaggoota, Hariiroo Saalaa fi Ida`amuu Godaantota Afrikaa UK Keessaa Jiraataniif



## Dorgommii Seenaa

**Lootarii Biyyaalessaa irraa deeggarsa argameen fi PENHAn kan qophaa`e**

**Afaanota: Amaaraa, Arabaa, Afan Oromoo, Ingiliffaa, Somaalee, Tigriffa fi afaanota biroo Gaanfa Afrikaa**

### Guyyaan dhumaa galii godhamu: 30.04.2023

Godaanttonni Afrikaa bahaa erga UK gahaniin booda rakkinna hawaassummaf diinagdee heddutu isaan mudata. Sababa danqaa afaani, garaagarumma aadaa, fi huubanno dhabuu seera UK irraa kan ka`e baayyen isaani miidhamtoota miidhaa saalaa ykn namoota birootiin himatamuu dabalatee rakkoo adda addaa isaan mudata. Isaan kun ammoo adabbii hidhaa fi galmee yakkamtoota saalqunnamtii irratti gamaa`uutti isaan geessuu danda`u. Kanaaf, seenaa saddet miidhaa saalaa, umrii seera qabeessa hayyama (saalaa) fi garragarummaa hubannoo hariiroo saalaa biyya keessanii fi UK gidduu jiruun walqabatan qophessaa jira. Dorgommiin ogbarruu (hubannoo) dargaggoota UK irraa fedhii qaban giddutti gaggeeffamaa jiru kun pirojektii ‘ Beyond managing expectation s: Supporting the integration of refugees in kent’ jedhuuf gumaacha qaba. Dargaggoonni kun egeree fooyya`aa ijaaruuf dandettii kan qaban yoo ta`u, kunis muuxanno dhunfaa isaanii hariiroo saalqunnamtii wajjin waal qabatee akka yaadan carraa ta`uu danda`a. Kunis, gochi kun seenaa isaanii ykn seenaa namoota biroo barreesssuu irratti isaan bobbaasuu kan dandu yoo ta`u, kunis hubannoo saalaa fi hariiroo saalaa irratti qaban akka dabalu, yakka ta`uu dand`u akka ittisan, qormaata miiraa isaan mudatu akka dandamatan, akkasuma gorsa seera yeroo barbaadan akka gaafatan jajjabessa.

**Qajeelfama**

- Matadureewwan dhiyaachu danda`an – barnoota saalaa, miidhaa saalaa, umrii hayyama, garaagarummaa aadaa fi hubannoo hariiroo wajjin walqabatee fi kkf. Seenaan kun dhimmoota imala isaani gara UK ykn muuxannoo isaanii erga UK ga`anii booda qaban agarsiisuu danda`a.
- Seenaa fuula 1-2 mata (jechoota 1000) dureewwan armaan olitti ibsaman waliin walqabatee qophessu. Seenaan baay`ee gabaabaa fi irra caalaa mata duree irratti kan xiyeeffatu ta`uu qaba. Seenan fuula 2 ol ta`e koree gamaaggamaatiin fudhatama hin argatu.
- Seenaan afaan Ingilizii, Amaaraa, Arabiffaa, Afan Oromoo, Tigriffa, Somaalee, fi afaanota gaanfa Afrikaa birootinis barreefamu ni danda`a.
- Garee Umrii: 16-25. Barreessaan umurii kana keessa ta`uu qaba, garuu dorgommiin kun nama kamiifuu banaadha, hojjettoota deggersaa dargaggoota dabalate.
- Barreessitoonni gumaachan UK irraa ta`u qabu.
- Hojiin aartii fi ogbarruu isaanii ni madaalamu, seenaan gaariin badhaasa ni argatu. Seenaan kee yoo filatame £100 siif badhaafama.
- Seenaan filataman kun caamsa 2023tti akka kitaaba xiqqaatti dijitaalaan ni maxxanfamu.
- Yeroon xumuraa: 30.

**Qindeessaa:** Bereket (PENHA). Email: info@penhanetwork.org

PENHA
MIGRATION, YOUTH & DEVELOPMENT PROGRAMME

COMMUNITY FUND